



Qajeelcha Poolisii Minneapolis
Maanu'aalii Himaammataa fi Adeemsaa

Lakkoobsa:
8-300

Jildii Saddeet - Dargaggoota – Himaammataafi Tarsiimoo

Hojimaata Hidhaa Dargaggootaa

8-307 Seera Tiraafikaa Cabsuu Dargaggootaa

(10/07/08)

(A-D)

Dargaggeessi tokko badii xiqqaa ykn seera tiraafikaa cabsuudhaan yeroo himatamu, qondaaltonni Wabii Waan Idilee(Uniform Citation) ni kennu. Koppiin mana murtii wabichaa saanduqa “Seera Tiraafikaa Cabsuu” jedhu keessa kan kaa’amu yoo ta’u, kooppiwwan wabii biroo akkaataa ibsametti ni raabsamu.

Dargaggootni yakka tiraafikaa dalagan bakka yakki tiraafikaa sun uumametti sirnaan adda baafaman wabiin kennameefii gadhiifamuu ni danda’u.

Dargaggootni yakka tiraafikaa dalagan adda baasuun yoo dadhabame qondaaltonni shakkamaa gara Kutaa Dargaggootaatti geessuun (yeroo hojiitti) ykn karaa bilbilaa (yeroo Kutaan Dargaggootaa cufamu) Laaboraatoorii Yakkaa qunnamuun gargaarsa adda baasuu argachuu ni danda’u. Dargaggeessi sun warra/guddistuu seeraaf ni gadhiifama ykn gara Giddugala To’annoo Dargaggootaatti ni geeffama.